



Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Adoolaatti

Yaadannoo Gabaabaa Korsii TES 202 tiif Qophaa`e

Baruu - Barsiisuu Saayinsii Naannoo II

(TES 202)

Bara 2012

KBBA

Boqonnaa 1: Si'aayinaan Barachuufi Malleen Baruu-Barsiisuu Saayinsii Naannoo

Gahumsa boqonnaa: xumura boqonnaa kanaa keessatti gahumsa barattootni gonfatan

- *Malleen baruu-barsiisuu si'ataa qabiyyeewwan saayinsii naannoo kutaa 1-4 barsiisuuf mijataa ta'an filachuun qajeelfamootaa fi meeshaalee iyyaaffannaa qopheeffatte gargaaramuun barsiisummaa nishakaalta.*
- *Maloota saayinsii naannoo barsiisuu adda addaa mata duree saayinsii naannoo kutaalee 1-4 keessaa filachuun GBYXGQ (Ga'umsa Barachhuu Yoo Xiqqaate Gonfatamuu Qabu) mata durichaa irratti bu'uurtee hojii irra ni oolchita*

1. Seensa

Barsiisuun ogummaa jijjirama amalaa fiduufi **malleen baruu-barsiisuu adda addaatiin** dagaagina kan taasisuudha. Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti GBYXGQ qabiyyee barnootichaa irratti hundaa'uun **barsiistonni mala baruu-barsiisuu mijaa'aafi filatamaa** ta'e filachuu qabu. Haata'u malee, wanti hubatamuu qabu **malli tokko qofti qophaatti** hojiirra kan ooluu miti. Mala tokko keessatti maloonni adda addaa hammatamuu danda'u. Akkasumas, malli tokko qofti yeroo hunda filatamaa ta'uu dhiisuu mala. Kunis, haalota garagaraa irratti hundaa'uun jijjiiramaa ta'uu qaba. Walumaagalatti, qabiyyee murtaa'e tokkoof, mala baruu-barsiisuu mijaa'aa ta'e filachuun qabxiilee armaan gadii irratti hundaa'a. Isaanis GBYXGQ, **dandeettiifi umurii barattootaa, dheerina yeroo barbaachisu, baay'ina barattoota daree keessaafi fedhii isaanii, leecalloo barnootaafi** kanneen kana fakkaatan xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Boqonnaa kana keessatti, qabiyyeewwan saayinsii naannoo kutaa 1-4 keessa jiran barsiisuuf **malleen si'ataafi hirmaachisaa ta'an tokko tokko akkaata hojiirra oolmaa isaanii** waliin ibsamaniiru. Wanti hubatamuu qabu, qabiyyeewwan kutaa 1-4 jiran barsiisuuf malleen boqonnaa kana keessatti akka fakkeenyaatti eeraman qofatu hojiirra oola jechuu miti. Haala qabatamaa naannoo barattootaa irratti hundaa'uun malleen dabalataa kanneen biroo adda addaatti gargaaramuun ni danda'ama. Dabalataanis, akka iddattootti, qabiyyeewwan filataman iyyaafachuuf tooftaaleen adda addaa ibsamaniiru.

1.1. Mala Agaree

Ogummaawwan saayinsii mala kanarraa argaman: Raaguu, daawwachuu, ramaduu, addaan baasuufi kanneen kana fakkaatan.

- **Faayidaa mala kanaa:** malli kun ogummaa saayinsaawaa akka yaad-sammuufi qaam-sammuu gonfachiisuuf nigargaara. Akkasumas, malli kun gamtaan baruu-barsiisuu keessatti ogummaawwan jireenyaa gonfataman tokko tokko gonfachiisuuf nigargaara.

Fakkeenyawwan Qabiyyeewwan mala kanaan barsiifamuu danda'anii (kutaa 1-4)

- ✓ Qaamolee ala nafaa keenya
- ✓ Qaamolee miiraa namaa shanan
- ✓ Qaamolee biqiltootaa
- ✓ Faalama naannoo
- ✓ Dhaabbilee hawaasummaa ganda keessatti argaman
- ✓ Iddoowwan seena qabeessaafi kanneen kana fakkaatan

Fakkeenya: akkaataa qaamolee ala nafa keenyaa mala kana fayyadamuun barsiifamu

Hubachiisa: yeroo baay'ee malli baruu-barsiisuu tokko qofti hojiirra hin oolu. Kanaafuu, mala kana keessatti, od-ibsi, gaaffiifi deebiin hojiirra ni oolu.

1.2. Ramaddii

Ogummaawwan saayinsii mala kanaarraa argaman: Daawwachuu, ramaduu

- **Qabiyyeewwan mala kanaan barsiifamuu danda'an (kutaa 1-4)**
 - ✓ Gartuulee nyaataa
 - ✓ Wantoota naannoo keenyatti argaman
 - ✓ Qabeenya Uumamaa

Fakkeenya 1: Akkaataa qabiyyeen Gartuulee nyaataa jedhu mala kana fayyadamuun barsiifamu


1.3 Maappii yaad-rimee

Maappiin yaad-rimee, barattoonni odeeffannoo jiru addaan baafatanii hariiroo tokkoon tokkoon odeeffannoowwan kunniin waliin qaban hubatanii akka qindeeffatan isaan gargaara.

1.4 Danaa Saaphana Sharariitii (Spider Diagrams)

Malli kun mala barattootni yaadota yookiin yaad-rimeewwan hariiroo yaada ijoo waliin isaan qaban akka walqabsiisan taasisudha. Tooftaan malli kun itti hojii irra oolu mataduree ijoo gidduutti/walakkaa waraqaatti barreessun yaadota mataduricha waliin deeman burqisiisuun yaada ijoootti naannessanii barreessuu dha. Sana booda yaada ijoo waliin sararaan yookiin xiyyaan walqabsiisuudha.

Fakkeenyaaf Qabeenya uumaama



Gocha 1.4: Mala Danaa Saaphana Sharariitiin barsiisuu ilaalchisee;

1.5 Mala Garee Jigsaawaa

Ogummaawwan adeemsa saayinsaawaa mala kanaarraa argaman: Yaaduu, murtee kennuu, rakkoo hiikuu, aadaa waliin hojjechuufi kkf.

- **Qabiyyeewwan mala kanaan barsiifamuu danda'an (kutaa 1-4)**
 - ✓ Waqtiilee
 - ✓ Gosota nyaataa
 - ✓ Dhibbeewwan daddarboo
 - ✓ Faayidaalee dhabbiilee haawaasummaa
 - ✓ Gochaalee mirgoota daa'immanii sarbaniifi qabiyyeewwan biroo mala kanaan barsiisuun ni danda'ama.

1.6. Mala Boronqii Walii Dabarsuu

- **Ogummaawwan mala kanaarraa argaman:** Barattoota hundaafuu carraa walqixa ta'e kenna, hirmaannaa guutuu ta'es akka qabaatan gochuun nisi'eessa, gocha deebii saffisaa barbaadu irratti xiyyeeffata, fedhii barattootaa eeguu fi kaka'umsas isaan keessatti ni uuma, yaad-deebii battalaa kennuuf ni oola, dandeettii dammaqinaan dhaggeeffachuun waa hubachuu nicimsa.

1.7 Mala Dowwii Dirree

- **Ogummaawwan saayinsii mala kana irraa argaman:** daawwannaa, adda baasuu, galmeessuu, raaguu fi kanneen kana fakkaatan.
- **Faayidaa mala kanaa:** malli kun ogummaalee qo'annoo saayinsawoo kan akka ilaalanii hubachuu, gaafachuu, moodeela tolchuu fi ilaalchawwan saayinsawaa dagaagfachuun fedhii fi jaalala saayinsii barachuu guddifachuuf nigargaara.
- **Qabiyyeewwan mala kanaan barsiifamuu danda'an (Kutaa 1-4)**
 - ✓ Mana Barnootaa Keenya Sochii Nannoo Keenyaa
 - ✓ Ganda Keenya Naannoo Uumama Keenyaa

1.8 Mala Marii Garee

Malli marii irratti hundaa'e mala baru-barsiisuu tooftaalee barsiisaa giddu galeeffate kanneen akka od- ibsa, dubbisuu yookiin ilaaluu caalaa karaa yaadoota wal jijjiiruutiin beekumsa, ogummaawwan fi ilaalchota saayinsawaa barattoota gonfachisuuf dursi kennamuufidha.

1.9 Mala Gaaffii fi deebiii

Malli kun od-ibsa gidduutti kan taasifamuu fi barsiisaan barttoonni isaa hordofaa jiraachuu isaanii kan ittiin mirkaneeffachuu danda'uudha. Barsiisaan osoo mala od-ibsaatiin barnoota dhiyeessaa jiruu gaaffilee GBYXGQ baranichaa irratt bu'uureeffamanii qophaa'an waliin wal-qabatan yeroo yerootti barattoota isaa gaafata.

1.10 Mala Gahee Taphachuu

- **Ogummaawwan saayinsii mala kana irraa argaman:** daawwachuu, addaan baasuu, ramaduu, xinxaluu, qunnamuu fi kanneen kana fakkaatan

1.11 Mala "Goldfish Bowl"

- **Ogummaawwan mala kanaarraa argaman**
 - ✓ Barattoonni waan koorsicha keessatti baratan ilaalchisee gaaffilee barreessuun meeshaa kennameef/korojoo keessatti kuusu. Barsiisaan gaaffilee heddu korojoo keessaa fuudhuun gaaffilee gaafatamaniif dareef deebii kenna yookiin barattoonni akka deebisan taasisa.

1.12 Mala Argannoo Qajeelfamaa

Ogummaawwan saayinsii mala kanarraa argaman: raagu, daawwachuu, yaaluu, yaada waliigalaa kennuu,

Faayidaa mala kanaa: Malli kun barattootni barachuu keessatti qooda si'aawaa ta'e fudhachuun hubannoo isaanii akka gabbifatan isaan ni gargaara. Ogummaa yaaduu akka dagaagfataniif fi saayintistii akkamitti akka ta'uun danda'amu ni baratu. Adeemsawwan dhugaawwaniifi yaad-rimeewwan ittiin barbaadaniifi bira gahan akka baratan ni gargaara.

1.13 Cimdiin Ta'uun Yaaduu

Malli kun barattoonni yeroo kennameef keessatti yaada yookiin rakkoo tokko irratti akka mari'atanii fi kanneen biroo wajjin yaada kana irrattis odeeffannoo akka waljijjiraniif isaan fayyada. Barattoonni fakkeenya ifa ta'een sirriitti ibsa akka itti kennaniif ni jajjabeeffamu. Yaada namoota biroo fayyadamuunis barattoonni mata duree kenname irratti yaad-rimee bal'inaan akka hubataniif isaan gargaara.

1.14 Yaad-Rimee Piroojektii

Piroojektii jechuun hojii of egannoon qindaa'ee fi qophaa'e akeeka waan tokko irra kan ittiin ga'amuudha. Haala dhiyeessa barsiisuu ta'ee kan agarsiisu gochaa barachuu kaayyoo irratti hunda'ee yeroo baay'ee fedhii barataa dhuunfaa yookiin garee baraata kan bu'uureffatuudha.

1.15 Ogummaawwan Adeemsa Saayinsii

Akka fakkeenyaatti, mala adeemsa saayinsaawaatiin qabiyyeewwan kutaa 1-4 barsiisuun ni danda'ama.

A. Ogummaawwan Bu'uuraa (Basic Skills)

Ogummaawwan adeemsa saayinsaawaa barachuun saayintistii ta'uuf qophaa'udha. Barattoonni daawwachuu, ramaduu, quunnamuu, safaruu, raagu fi yaada waliigalaa kennuu kan danda'an yoo ta'e adeemsa saayinsii bu'uuraa hubachuu isaanii agarsiisa.

B. Ogummaawwan walsimataa (Integrated Skills)

Ogummaawwan walsimataa akkamitti ibsita?

Ogummaawwan adeemsa saayinsii walsimataa dandeettii sadarkaa olaanaan yaaduu fi yeroo tokkotti yaadota tokkoo ol ilaaluu barattootaa irratti hundaa'a.

1. Addaan baasuu fi jijjiiramoota to'achuu (Identifying and controlling variables)
2. Haala irratti hundaa'uun hiika kennuu (Defining operationally)
3. Mala dhahuu (Forming hypothesis)
4. Yaalii gaggeessuu (Experimenting)
5. Giraafii kaasuu (Graphing)
6. Daataa hiikuu (Interpreting data)
7. Moodeela uumuu (Modeling)
8. Argannoo (Investigating)

Maloota saayinsawaa

Dhawatawwan Mala saayinsawaa

Dhawaatni mala saayinsawaa dhaabbataa ta'ee jiraachuu baatullee dhaawaatni malli saayinsawaa saayinsii barachuufi barsiisuu keessatti hojii irra oolu kan armaan gadiiti:

- a. Daawwannaa
- b. Gaaffii gaafachuu
- c. Mala dhahuu
- d. Yaalii gaggeessuu
- e. Bu'aawwan xiinxaluu (qaaccessuu).
- f. Yaada xumuraa kennuu (yaad -hiddama haaraa)
- g. Bu'aawwan argaman gabaasuu

Gaaffii Shaakalaa

1.Malleen baruu barsiisuu si`ataa ta`an shan filachuun akkaata hojiirraa olma isaanii irratti gareen mari`aha.

2.Qabiyyee saayinsii naannoo tokkoo fudhachuun mala baruu barsiisuu si`ata mija`a ta`e filachuun daree daree keessaatti shaakkala.

Boqonnaa 2: Karoora Qopheessuun Mala Baru-Barsiisuu Adda Addaa Hojiirra Oolchuu

Gahumsa boqonnaa: xumura boqonnaa kanaa keessatti gahumsa barattootni gonfatan

- Guca karoora barannoo adda addaa ga`umsa xiqqaaa adda addaa gonfachuuf gargaaranitti fayyadamuun oggummaa karoora barannoo qopheessuu nigabbiffatta.
- Dandeetti Karoora barnootaa si`aa`inaan barachuu barattootaafi iyyaafannoo walittifufaa mijatu qopheessuu nihoratta,
- Barnoota saayinsii naannoo sadarkaa tokkooffaa GBYXGQ fi qabiyyee addaan baasuun nikaroorsita.
- Karoora barannoo qopheessuun daree keessatti hojii irra ni oolchita.
- Moodeeloota karoora barannoo saayinsii naannoo adda adda walbira qabdee nimadaalta.
- Meeshaalee sirna barnootaa saayinsii naannoo kutaalee 1-4tti gargaaramuun karoora waggaa, torbaniifi guyyaa ni qopheessita.
- Karoora waggaa, karoora simisteeraafi yuunitii saayinsii naannoo kan sadarkaa tokkooffaa barsiisuuf qophaa`an nixinxalta.

2.1 Barannoo Karoorsuu

- Hojii barsiisuu bu`aa qabeessa taasiisuuf barsiisotaaf karoorri isa ijoo fi furtuudha.
 - Barsiisootni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti
 - murtii barbaachisaa ta`e kennuu fi
 - barattoota isaanii irraa xiyyeeffannaa argachuuf
- daree seenanii barsiisuun dura karoora barannoo fi waggaa qopheeffatanii qabaachuu qabu
- barsiisuun booda barannoowwan isaanii madaaluun bu`aa isaa karoora itti aanu irratti akka akeekaatti itti fayyadamu
 - barsiisaan dursee yaad-rimeewwan bu`uuraa fi waliigalaa ifa ta`e qabaachuu qaba, kana qabaannaan seerotni waliigalaa fi qabiyyeen akka walqabtan gochuun ni danda`ama

Barnoota karoorsuun

baru-barsiisuun **osoo hin eegalamiin** barsiisotni

- maal akka barsiisaanii fi akkamitti akka barsiisan irratti xiyyeeffannaa gochuu qabu
- hirmaannaa barattootaaf xiyyeeffannaa kennuu qabu.

2.2 Faayidaaleen karoora

- ✓ daree barnootaa hawwataa ta`e uumuun
- ✓ baruu barsiisuu mijataa gaggeessuuf
- ✓ **Barsiisotaaf**, - malli fi akkamitti akka barsiisaniii, ofitti amantummaa, nageenya fi kaka`umsa akkasumas kalqaa fi tooftaalee barsiisuu adda addaatti akka gargaaraman isaan jajjabeessa
 - Karoorri barsiisootaaf -carraa yaaduu, waa`ee filachuu kaayyoolee barannoo, gosawwan gochaalee kaayyoolee galmaan gahuuf barbaachisan, walduraa duuba gochaalee, meeshaalee barbaachisan qopheessu, dheerina yeroo tokko tokkoon gochaa fudhatuufi akkaataa ijaarsa garee barattootaa ni kennaaf
 - hariiroo barannoo ammaa fi barannoowwan darbe yookiin gara fuulduraa gidduu jiruu fi walitti dhufeenya gochaalee barannoo fi iyyaafannoo gidduu jiru calaqqeessuu ni danda`u

- karoorsuun barsiisotaafi barattoota ni fayyada. Sababni isaas bu'aan isaa walsimannaa filannoowan barsiisuu fi gochaalee barachuu fooyya'aa, itti fayyadama yeroo, shakkii hir'isuu, dadammaqinaan barachuu keessatti qooda fudhannaa gaarii, itti quufinsaafi raawwannaa olaanaa irra gahuuf waan gargaaruufi

2.2.1. Karoora Waggaa

- ✓ ida'ama karoorawwan boqonnaa qabiyyee gosa barnootaa **bara barnootaa tokko** keessatti xumuramuu qabu xumuruuf wixineeffamaniiti

maaliif barbaachisa?

- Bakka jirtu beekuun, bakka gahuu qabdu yeroon gahu dandeessa.
- Caasaa, qindoomiinaafi walduraa duubaa barannoowwanii agarsiisa.
- Dalagaa kenname tokkoof yeroo ramaduuf
- karoorawwan barannoo guyyaatiif akka ka'umsaatti gargaara.
- Milkaa'ina Sagantaa baruu-barsiisuu mana barnootaa dabaluu gargaaruu nidanda'a.

2.2.2. Ruqooleen Karoora Waggaa Maali?

I. **Odeeffannoo waliigalaa** : Bara barnootaa ,Maqaa barsiisaa, Gosa barnootaa,Kutaa,Baayyina wayitii torbanii ,Baayyina wayitii waliigalaa ramadameef,Mata dureewwan boqonnaa qaba

II. **Qabiyyee karoora waggaa**, Semisteera, Boqonnaa, Kaayyoolee Gooroo,Mata dureewwanii fi qabiyyeewwan ijoo , Ji'a, torbeefi guyyaa Wayitii boqonnaaf kenname

2.2.3. Karoora Barannoo Guyyaa

- ✓ karoorsuu gaariin **furtuu baruu-barsiisuu** bu'aa qabeessa ta'eeti.

Bu'aa/faayidaa karoora barannoo guyyaa

• Dalagaa barsiisaa ni idileessa, qindoomina akka qabaatu taasiisa, irra caalaa akka karaa qabatu taasiisa.

- Yaad-rimeen barnootaa naannoo barattootaa **waliin akka wal-qabatu** taasiisa
- Barsiisaan **gaaffii sissi'eessaa akka gaafatu** isa kakaasa.
- **Rakkoolee naamuusaa** daree keessaa xiqqeessa.
- Daree barnootaa **hawwataa fi mijataa** taasiisuu.
- Malleen baruu-barsiisuu **sirrii ta'an filachuu** dandeessisa.
- Ofitti amantummaa fi danadeettii kalaqaa barsiisootaa guddisuu.
- Gochaalee barsiisaa fi barattootaa sirriitti qindeessuu.
- Dadammaqina barattootni barachuu keessatti qaban foyyeessuu.
- Yeroo baruu-barsiisuu qusachuu fi kanneen kana fakkaataniidha
- Deeggarsa barattootaa (**suuta baratan , saffisaan baratan , qaama miidhamtoota , kkf**):
- hojii barattootaa **hordufuu fi garagaaruuf** fedhii isaanii adda baasuu.
- Qophiin barsiisaa wantoota armaan gadii hunda of keessatti qabachuu qaba.
 1. **Gahumsa** Barachuu yoo xiqqaate gonfatamu qabu (GBYXGQ)
 2. **Gaaffileen GBYXGQ** irratti hundaa'an fi 3.Tooftaalee iyyaafannoo
 4. Tooftaalee gahumsa barattootaa **ittiin galmeeffatan**

Gaaffii Shaakalaa

1. **Karoorri barnoota faayidaa barattoota fi barsiisootaaf kennuu addaa baasuun tarreessi**
2. **Garaagarummaa karoora barannoo fi karoora waggaa jidduu jiru ibsi.**

Boqonnaa 3: Iyyaafannoo

Gahumsa boqonnaa: xumura boqonnaa kanaa keessatti gahumsa barattootni gonfatan

- Qabiyyeewwan saayinsii naannoo kutaalee 1-4 jiran keessaa ga'umsawwan barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban (GBYXGQ) irratti hundaa'an gaaffilee iyyaaffannoo adda addaa niqopheessita.
- Firii iyyaaffannoo gaaffilee iyyaaffannoo qopheeffatte fayyadamuun argatte irratti hundaa'uun yaadeebii ijaarsaa barachuu barattoota ilaalchisee yaad-deebii ijaarsaa kennuurratti dandeetti nihoratta.
- Tooftaalee iyyaaffannoo GBYXGQ fi qabiyyeewwan barnoota saayinsii naannoof mija'aa ta'an ni filatta, meeshaalee iyyaaffannaa ni qopheessita, barsiisuu hiriya keessatti itti fayyadamta.
- Galmee ragaan fooyya'insa barachuu barattoota keessatti galmaa'uu qopheeffachuun fooyya'insa barachuu barnoota saayinsii naannoo nigalmeessita

3.1 Iyyaaffannoon maali?

Jechi iyyaaffannoo jedhu **milkaa'inaafi galma gahiinsa kaayyoolee barachuu** tokko tokkoon barataa irratti yaada murti kennuuf gargaaru jechuudha.

- ✓ Iyyaaffannoo daree irratti hundaa'e kan of keessatti qabatu ta'ee **battalleewwan fi qormaatawwanis** kan of keessaa qabuudha.
- ✓ Jechootni **iyyaaffannoo fi battallee** qoruu jedhu al tokko tokko akka waan tokkotti waan itti fayyadamnuuf **garaagarummaa isaan gidduu** jiru adda baafachuun barbaachisaadha.
- ✓ Iyyaaffannoon waan barattootni beekan, hubatanii fi hojjechuu danda'an mala ittiin adda baasanii fi murtee odeeffannoo irratti hundaa'e dabarsuuf mala ittiin odeeffannoo fi bu'aa daawwannaa walitti qabaniidha.
- ✓ Kanneen keessaa **battalleen** iyyaaffannoodhaaf akka mala odeeffannoo ittiin walitti qabaniitti fudhatama.
- ✓ Kanaafuu, iyyaaffannoon jecha bal'aa, maloota ragaa (daataa) ittiin walitti qabanii fi hiikan ta'ee kan battalleewwanis of keessatti qabatuudha.
- ✓ Iyyaaffannoon milkaa'ina faayidaa barattootaaf gaggeeffamu hundi madda, hiikkaa, qunnamtii fi tajaajila daataan faayidaa muraasaaf qabu of keessatti kan hammatuudha.
 - ❖ Malootni yookiin adeemsootni tokko tokkoon **ruqooleen iyyaaffannoo** of keessatti qabachuu danda'an heddutu jiru.isaan keessaa
 - a. **Gochaalee barattootni keessatti qooda fudhachuu danda'an**, fakkeenyaaf: hojii idilee isaanii, dalagaalee barreeffamaa yookiin hojii yaaliin agarsiisfamu iyyaaffannoof jecha barsiisadhaan qophaa'an muraasa, ,
 - b. **Ragaan qaamolee armaan gadiitiin walittii qabamuu ni danda'a**: barsiisaa, barattoota, qaama alaa (boordii qormaataa, abbaa angoo qulqullina mirkaneessu, qaama qormaata qopheessu)
 - c. **Yaadni murtii bifa barreeffamaan yookiin afaaniin barsiisadhaan**, qabxii yookiin dhibbeentaan, pirofaayilii milkaa'inaatiin, gulantaa yookiin qubeedhaan, sadarakaa walduraa duubatiin kennamuu, yaada murtii kennuu fi gabaasuu ni danda'a.

3.2 Akaakuu, Faayidaa fi Amaloota Iyyaaffannoo daree keessaa

Faayidaalee ijoon iyyaaffannoon qabu maali? Akkuma waliigalaatti gaaffii kanaaf deebiiwwan ijoon irratti waliigalame **lamatu** jiru:

- a. Yommuu barattootni barachaa jiran **gargaaruuf**,
- b. Yeroo kenname keessatti **maal akka adda baasanii** baran beekuuf.

- ✓ Iyyaafannoon waan barattootni beekan, hubatanii hojjechuu danda'an mala ittiin adda baasanii fi murtee odeeffannoo irratti hundaa'e dabarsuuf mala ittiin odeeffannoo fi bu'aa daawwannaawwanii walitti qabaniidha.
- ✓ **Malleen odeeffannoo ittiin walitti qabuuf** gargaaran keessaa muurasni isaanii; *battallee*, gochaalee barattootni qooda keessatti fudhachuu (*hojii daree, hojii manaa, abbaltii*) *hojii yaaliin agarsiifamu, daawwannaa daree keessaa, gaaffiilee afaaniifi* kanneen birooti.
- ✓ Iyyaafannoo Faayidaa fi amala inni qabu irratti hundaa'uun iyyaaffannoo **bakka sadiitti** qooduun ni danda'ama. Isaaniis

1.iyyaafannoo barachuuf gaggeeffamu

2. iyyaafannoo barachuu barattootaa fi

3.of iyyaafachuun barachuu dha.

- ✓ iyyaafannoon **Ga'umsi murnaalee sadeen** waliin walitti fiduun xiinxalama, isaaniis *murna yaad-sammuu, murna qaam-sammuu fi murna ilaalchaati.*
- ✓ Gaaffiileen iyyaafannoo **kaayyoo yookiin ga'umsa** bira gahamuuf kaa'ame irratti hundaa'aanii qophaa'u.
- ✓ **Ulagaalee gaaffiileen** iyyafannoo irratti hundaa'uun qophaa'an keessaa ijoon;
 - Amanamummaa qabaachuu
 - Fudhatamuummaafi qabatamuummaa qabaachuu
 - Madaalawaa ta'uu
 - Bu'aa qabeessuummaa
 - Dhugummaa qabaachuufi kanneen kana fakkaatan

Akaakuu Iyyaafannoo

1. Iyyaafannoo barachuuf gaggeeffamu (Assessment for Learning)

- ✓ Iyyaafannoon barachuuf gaggeeffamu adeemsota **ragaa** barattootaa fi barsiisoota isaaniitiin yemmuu isaan *baratan maal irraa akka jiran, garamitti akka deemuu barbaadanii fi akkamitti deemuu akka qaban murtii barbaadamuu fi hiikkaa itti kennuuf* gargaaru of keessatti hirmaachisuu dha.
- ✓ Iyyaafannoon kun akka **iyyaafannoo sakatta'insaa fi iyyaafannoo sirnaawwaatti** qoodamee ilaalamuu ni danda'a.

2. Of iyyaafachuun barachuu (Assessment as Learning)

Iyyaafannoo kun :

- Barattootni **matuma isaaniin** ciminaafi hanqina isaanii adda baafatu.
- Fooya'insa isaanii **ofumaan** to'atu, qajeelchuu ,gaaffii gaafatu, ogummaa shaakalu.
- **hiriya isaaniitiin** hojii isaanii idilee irratti hundaa'uun calaqqee dhiyeessanii fi murtii barachuu itti aanee dhufu ittiin dabarsaniidha
- ✓ Adeemsa iyyaafannoo kanaa keessatti barsiisaan qabxiilee iyyaafannoo barattootni ittiin wal iyyaafatan akka tarreeffama mirkaneeffannaatti (cheeklistii) qopheessee kennuufi nidanda'a.

3. Iyyaafannoo madaallii (Assessment of learning)

Barachuun booda ga'umsa (bu'aawwan) ilaaluuf dandeettiiwwan barattootaa safara. Barachuu barattootaa fi garaagarummaa isaan giduu jiruu adda baasanii **sadarkeessuuf**

- Idileefi al-idilee ta'uu ni danda'a.
- Ga'umsa (bu'aawwan) waliin walqabata.
- Dhuma wayitii barachuu irratti gaggeefama.
- Barattootni bu'aawwan barachuu galmaan gahuu fi dhiisuu isaanii fi hammamiin akka galmaan gahan madaaluuf gargaara.
- Ramaddii sadaraka barattootaa gara fuulduraa irratti murtee kennuuf gargaara.

Gaaffii Shaakkalaa

1. *Iyyaafannoo jechuun maali? Ruqoolee iyyaafannoo hoo?*
2. *Akaakuu iyyaafannoo tarreessuun garaagarummaa fi walfakkeenya isaanii irratti gareen mari'adha.*

Boqonnaa 4: Iyyaafannoo Barattootaa Irratti Yaad-Deebii Kennuu

Gahumsa boqonnaa: xumura boqonnaa kanaa keessatti gahumsa barattootni gonfatan

- *Galmee ragaan fooyya'insa barachuu barattootaa keessatti galmaa'uu qopheeffachuun fooyya'insa barachuu barnootaa saayinsii naannoo nigalmeessita*
- *Firii iyyaafannoo gaaffilee iyyaafannoo qopheeffatte fayyadamuun argatte irratti hundaa'uun yaadeebii ijaarsaa barachuu barattootaa ilaalchisee yaad-deebii ijaarsaa kennuurratti dandeetti nihoratta.*

Barnoota keessatti **yaad-deebii kennuun faayidaa** olaanaa qaba. Kunis

- Barattoonni barnoota isaanii irratti bu'a qabeessa akka ta'aniif, **fkn** Dandeettii barattootaa adda baasuuf, Fooyya'iinsa barattootaa dabaluuf, Barattoota si'eessuufi kkf fayyada.
- Barachuu barattootaa hojiirra oolchuuf, yaad-deebii: **ijaarsaa ta'uu qaba, Yeroon kan kennamu ta'uu qaba fi hiika qabeessa ta'uu qaba**

4.1 Faayidaa waliigalaa yaad-deebii

- Mala barattoonni barachuu isaanii ittiin fooyyeffatan itti himuuf barsiisaa gargaara.
- Barattoonni waa'ee mataa isaanii waan gaarii akka miireffataniifi
- Ciminaafi hanqina isaanii akka adda baafatan isaan gargaara.
- galma yaadame bira akka gahamuufi firii barattootaa fooyyessuuf odeeffannoo qabatamaa irratti bu'uureffamuu qaba,
- hanqina barattootaa hatattamaan yeroo barbaachisetti kennamuu qaba
- maal akka hojjechuu qabuufi maal akka dhiisuu qabu adda baasee ifatti agarsiisuu qaba,

HUB. Walumaagalatti, yaad-deebii kennuu keessatti qabxiilee yaadatamuu qaban:

- *Yaad-deebiin barsiisaan barattootaaf kennu akkaataa ittiin of-fooyyeessan itti agarsiisa.
- *Ofii isaanii, karaa filatamaa ittiin barachuu danda'aniifi akkamitti of-fooyyessuu akka danda'an ni agarsiisa.
- *Barattoonni waa'ee ofii isaanii ilaalcha gaarii akka dagaagfatan nigargaara.
- *Milkaa'inaaf, yaad-deebii kan yaaduu dandeessisu ta'uu qaba.
- *Barattoonni yaad-deebii ragaa irratti hundaa'e kan galma barumsaafi ulaagaalee milkaa'inaatiin walitti hidhamuu qaba.
- *Yaad-deebiin daa'imman hanqina bakka amma jiraniifi bakka gahuu barbaadan gidduu jiru akka balleessan (hir'isan) isaan gargaara.
- *Yaad-deebiin wanta barataan qabatamatti raawwachuu qabu, of-fooyyessuuf waan fuulduratti raawwachuu qabuu/dduufi kan nama biraa waliin walbira qabanii ilaaluu kan hambisu ta'uu qaba.

4.2 Akaakuuwwan Yaad-deebii

a)Yaad-deebii afaanii fi barreeffamaan kennamu

Yaad-deebii Afaaniin kennamu

- yeroo gochi raawwatamu kan kennamuudha.
- bu'a qabeessummaan isaa baay'ee olaanaadha.
- Barachuu barattootaa kan si'eessuufi dandeettii yaaduu isaanii kan cimsuudha.

Yaad-deebii barreeffamaan kennamu

- xumura gochaa irratti kan kennamuudha
- gochawwan sirriitti dalagan, wantoota fooyyessuu qabaniifi gocha itti aanuu irratti waan dalaguu qaban ilaalchisee barreeffamaan kan kennamuudha.
 - Gocha raawwatamu tokkoof yeroon kan kennamu ta'uu qabu.
 - Akkaataa barataan hubachuu danda'uun kan barreeffame ta'uu qaba.
 - Barattoonni gochatti jijjiiruu yookiin raawwachuu kan danda'an ta'uu qaba

b)Yaad-deebii adeemsa barachuufi xumura barachuun booda kennamu

Yaad-deebii adeemsa barachuu keessatti kennamu.

- battalatti barattootaaf waan kennamuuf adeemsa barachuu keessatti fooyya'iinsa isaanii mirkaneessuu kan danda'uudha.
- barattoonni yaad-deebii kennameef battalatti yaadachuun gocha itti aanuu keessatti hojiirra oolchuufi fooyya'iinsa fiduu waan danda'aniif yaad-deebii xumura irratti kennamu caalaa bu'a qabeessaadha

Yaad-deebii xumura barachuun booda kennamu

- gocha barattootaa irratti fooyya'iinsa hedduu akka fidan hintaasisu.
- barsiisaan barattootaaf yaada walfakkaatu irra deddeebiin waan kennuufi barattoonni yaada/odeeffannoo kennamuuf gocha itti aanu keessatti yaadachuun fayyadamuu dhiisuu malu.
 - Qabiyyee baratan irratti kan xiyyeeffate ta'uu qabu.
- Sababa barattoonni kaayyoo barbaadamu bira gahuu dhabaniif kallalttii kan agarsiisuu ta'uu qabu fi Tooftaalee barattoonni fooyya'iinsa ittiin taasisan kan eeru ta'uu qabu.

c)Yaad-deebii madaalliifi yaad-deebii ibsaa

Yaad-deebii madaallii

- bifa qabxii yookiin yaada waliigalaatiin (fakkeenyaaf “haala gaariitti hojjetame”, “dabarteetta”, “hin dabarre), waa'ee barachuu odeeffannoo kan kennuu danda'uudha.
- Odeeffannoon kennamu xumura irratti kan kennamu waan ta'eef fooyya'iinsaa barattootaa kan deeggaruu miti.

Yaad-deebii ibsaa

Yaad-deebiin bu'a qabeessa ta'e fooyya'iinsa barachuu barattootaa ilaalchisee yaada gadi fageenya qabu kan kennu ta'uu qaba. Yaad-deebiin ibsaa:

- Waan baratamuuf yaadamuu waliin kan walqabateedha (Eessan deema?).
 - Yaadota dogongorraafi rakkoo hubannoo jiran adda baasee kan ibsuudha (Akkamittin deema?).
 - Iyyaafannoo gocha kennameef irratti hundaa'uun dalagaawwan qabatamaa hordofamuu danda'aniifi itti aananii raawwatamuu qaban barattootaaf kan gumaachuudha.
- Akkasumas, akkaataa of-iyyaafataniifi of-sirreessan kan taasisuudha (Maaliin fooyyeeffachuu barbaada, akkamittin hojjedha?).

a) Yaad-deebii al-idilaawaafi yaad-deebii idilaawaa

Yaad-deebii al-idilaawaa

- ✓ Dalagaa itti aanuutti osoo hin ce'in sakatta'iinsi yaad-deebii bu'a qabeessa ta'e kennuuf baay'ee barbaachisa.
- ✓ Sakatta'iinsi yeroo barsiisaan barattoonni hojii kennameef raawwachaa jiran daawwatuufi karaa sirrii ta'e irra jiraachuu isaanii adda baafachuuf taasisuudha.
- ✓ Sakatta'iinsi saffisaan barattoota kallattii sirrii ta'e qabsiisuuf yookiin barachuu barattoota cimsuuf fayyada.
- ✓ sakatta'iinsi yeroo barattoonni yaad-deebii barsiisaa irraa barbaadanis ni taasifama.

Yaad-deebii idilaawaa

- ✓ walgahii kaayyolee murtaa'aa ta'an qabuun kennama.
- ✓ Dalagaawwan barattootaaf kennaman irratti hundaa'uun barsiisonni barattoota waliin sa'aatii murtaa'aa ta'eef waligahii taasisu.

b) Yaad-deebii hiriyaafi yaad-deebii ofii (calaqqee madaallii)

Yaad-deebii hiriya

- barattootaaf fooyya'iinsa barattootaaf carraa kan kennuudha.
- Barattoonni dalagaa walii dawwachuun yaad-deebii ijaarsaa waliif kennu.

Yaad-deebii ofii (calaqqee madaallii)

- Barsiisaan yeroo barattootaaf yaad-deebii kennu karaa sirrii ta'e agarsiisuu qofa osoo hintaane carraa barattoota barsiisuu qaba.
- Dandeettiin of-iiyaafannoo barattoonni akka of-danda'an isaan taasisa.

Fooyya'iinsa Barattoota Galmeessuu

Iyyaafannoo taasifamuun qabxiin argamu madaalliif osoo hintaane, fooyya'iinsa isaanii ittiin addaan baasuuf hojiirra kan ooludha. Akkaataan fooyya'insa barattoota itti galmeessan keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti.

- Unka qabxii mirkaneeffannaa daawwii
- Pirojektii, hojmanee, calaqee barattootaafi kkf galmeessuu,
- Galmee barataa qopheeffatanii qabxii irratti galmeessuu
- Kaardii maxxansuufi kanneen kana fakkaataniidha.

Gaaffii Shaakkalaa

1. *Barachuu barattootaaf yaadeebii ijaarsaa kennuun maaliif barbaachisa? yoom kennamuu qaba?*
2. *Akaakuuwwan yaad-deebii tarreessuun garaagarummaa isaanii irratti ibsa kenni*

Boqonnaa 5: Hiriyaan Walbarsiisuu

Gahumsa boqonnaa: xumura boqonnaa kanaa keessatti gahumsa barattootni gonfatan

- *Tooftaalee barattoota dandeetti adda qaban addaan baasuun ittin deggaran ni horatta.*
- *Tooftaalee iyyaaffannoo GBYXGQ fi qabiyyeewwan barnoota saayinsii naannoof mija'aa ta'an ni filatta, meeshaalee iyyaaffannaa ni qopheessita, barsiisuu hiriya keessatti itti fayyadamta.*

Qorannoowwan adda addaa akka agarsiisanitti barsiisaan deeggaramee hiriyaan walbarsiisuun malleen barattoota rakkoolee barachuu qabaniif bu'a qabeessaadha (Al- Kobaisi, 2009).

Hiriyaan walbarsiisuun **bu'aawwan ijoo** armaan gadii qaba.

- Barattoonni qophii gahaa taasisanii of-danda'anii akka barsiisaniif carraa kenna. Miira sodaa barattoota xiqqeessa.

- Barattoonni walitti dhufeenya kallattii waan qabaataniif si'aayinaan barachuu ni jajjabeessa.
- Yaad-hiddamoota gochatti jijjiiruuf gargaara.
- Barattootaaf ofitti amanamummaa akka qabaatan isaan gargaara.
- Barsiisonni barattoota qajeelchuun barachuu isaanii ni si'eessuu.
- Barattoota gidduutti hariiroo gaarii ta'e uuma.
- Barattoonni yaad-deebii ijaarsaa akka waliif kennan isaan gargaara.
- Barattoonni shaakala barsiisuutiif muuxannoo akka gonfatan isaan gargaara.
- Malleen baruu-barsiisuu haaraa ta'an hojiirra oolchuuf ni gargaara.
- Barsiisonni barannoo itti aanu irratti xiyyeeffannoo akka taasisaniif yeroo gahaa argatu. .
- Barsiisaan yaad-deebii battalaa barattoota isaatiif akka kennuuf ni gargaara.

5.1 Raawwii Hiriyaan walbarsiisuu keessatti *haal-dureewwan barbaachisaa* ta'an

- Barsiisaan barattoota adda addaatiif **qabiyyee garagaraa qooduufi** qaba. Bakka barbaachisaa ta'etti barattootaaf **deeggarsa barbaachisaa** ta'e kennuufi qaba.
- Akkaataata qabiyyeen kennameef hojiirra oolu ilaalchisee **barsiisaan qajeelfama ifa** ta'e barattootaaf kennuu qaba.
- **Barattoonni karoora** qopheeffachuu qabu.
- Barattoonni qabiyyee kennameef yeroo hiriyaan walbarsiisan **iyyaafannoo taasisuu** qabu.
- **Yaad-deebii ijaarsaa** kennuu (barattoonni waliif, barsiisaan barattootaaf)

5.2 *Gocha* shaakala hiriyaan walbarsiisuu

Akkaataa raawwii

- **Qabiyyeewwan** saayinsii naannoo kutaa 1-4 keessa jiran adda addaa filadhu.
- Qabiyyeewwan filatte kanneeniif **malleen baruu-barsiisuu si'ataa** adda addaa mijaa'aa ta'an adda baasi.
- **Meeshaalee** baruu-barsiisuuf sigargaaran adda baasi (filachuu, qopheessuu, fooyyeessuu).
- **Gaaffilee gahumsa irratti hundaa'an qopheessuun** tooftaalee iyyaafannoo gargaaramuu dandeessu adda baasi.
- Karoora barannoo guutuu ta'e **qopheessi**.
- Sagantaa qopheeffachuun hiriyaan walbarsiisuu **hojiirra oolchi**.
- Iyyaafannoo adeemsisuun **yaad-deebii kenni**.

Gaaffii shaakkalaa

Bu`aan ijoo hiriyaan walbarsiisuu maal?

Hiriyaan walbarsiisuuf haala dureen hordofamuu qabu maal fa`a?

KBB ADOOLAA GAAFFII SHAAKAALAA TES202 BARATTOOTA IDILEE WAGGAA 3^{FFAA} FI GALGALAA WAGGAA 4^{FFAA} BARA 2012TIIF QOPHAA'E

Gaaffilee armaan gadii kennamaniif deebii sirrii ta'e qubee guddaa qofa fayyadamuun bakka deebiiti guuti.

1. Kanneen armaan gadi keessaa malli ogummaa saayinsaawaa akka yaad-sammuufi qaam-sammuu gonfachiisuuf gargaaruu isaa kami dha?.
A. Mala Od-ibsaa B. Mala Seenessuu C. Mala Sammuu Dhiluu D. Mala agaree
2. Kanneen armaan gadi keessaa qabiyyeewwan mala ramaddiin barsiifamuu danda'an (kutaa 1-4) kan **hin taanee** isaa kami dha? A. Gartuulee nyaataa B. Qabeenya Uumamaa
C. Wantoota naannoo keenyatti argaman D. Gaasoota qilleensa keessaa
3. Qabeenya uumamaa haroomfamuu hin dandeenyee isaa kami dha?
A. Anniisaa qilleensaa B. warqii C. Bishaan D. humna bishaanii
4. Barattoonni odeeffannoo jiru addaan baafatanii hariiroo tokkoon tokkoon odeeffannoowwan kunniin waliin qaban hubatanii akka qindeeffatan isaan gargaaru isaa kami dha?
A. Maappiin yaad-rime B. Mala Jiigsaawwaa C. Daawwannaa Dirree D. Mala Paziliifi Taphaa
5. Malli barattootni yaadota yookiin yaad-rimeewwan hariiroo yaada ijoo waliin isaan qaban akka walqabsiisan fayyaduu isaa kami dha?.
A. Mala Garee Jigsaawaa C. Mala Boronqii Walii Dabarsuu
B. Danaa Saaphana Sharariitii D. Mala Dowwii Dirree
6. Qabiyyeewwan mala garee Jigsaawaa barsiifamuu danda'an (kutaa 1-4) kami dha?
A. Waqtiilee B. Dhibbeewwan daddarboo C. Gosota nyaataa D. Hundaa
7. Malli ogummaalee qo'annoo saayinsawoo kan akka ilaalanii hubachuu, gaafachuu, moodeela tolchuu fi ilaalchawwan saayinsawaa dagaagfachuun fedhii fi jaalala saayinsii barachuu guddifachuuf gargaaru isaa kami dha? A. Mala Dowwii Dirree B. Mala Marii Garee
C. Mala Gaaffii fi deebiii D. Mala Gahee Taphachuu
8. Kanneen armaan gadii keessaa ogummaawwan adeemsa saayinsaawaa mala garee Jigsaawaan hin argamne isaa kami dha? A. Yaaduu B. rakkoo hiikuu
C. murtee kennuu D. Barattoota hundaafuu carraa walqixa kennuu
9. Qabiyyeewwan mala garee Jigsaawaan barsiifamuu danda'an (kutaa 1-4) keessaa kan ta'e kami dha? A. Dhibbeewwan daddarboo B. Gartuulee nyaataa
C. Qaama keenyaa D. Faalama naannoo

- 15

20. Kan armaan gadi keessaa addaan baasuu, jijjiiramoota to'achuu, hiika kennuu, mala dhahuu, yaalii gaggeessuu, moodeela uumuu, giraafii kaasuu fi argannoo gaggeessuuf tajaajila.
- A. Ogummaa walsimataa B. Ogummaawwan Bu'uuraa
C. Ogummaa hawaasa D. Ogummaa kalaqaa
21. Adeemsa baruu-barsiisuun osoo hin eegalamiin dura barsiisotni kan raawwachuu hin malee kami? A. Maal akka barsiisaanii beekuu C. Akkamitti akka barsiisan irratti xiyyeeffannaa gochuu B. Bu'aa karoora madaaluu D. Hirmaannaa barattootaaf xiyyeeffannaa kennuu
22. Armaan gadii keessaa tokko faayidaan Karoora barsiisotaaf qabu hin ibsuu?
- A. Malli fi akkamitti akka barsiisanii agarsiisa B. Ofitti amantummaa, nageenya fi kaka'umsa itti hora C. kalqaa fi tooftaalee barsiisuu adda addaatti akka gargaaraman isaan jajjabeessa
D. Deebii hin qabu
23. Gosa karoora ta'ee ida'ama karoorawwan boqonnaa qabiyyee gosa barnootaa bara barnootaa tokko keessatti xumuramuu qabu xumuruuf wixineeffamuu kami?
- A. Karoora Barannoo B. Karoora Torbee C. Karoora Waggaa D. Karoora yuunitii
24. Armaan gadii keessaa tokko qabiyyee karoora waggaa keessatti kan hin haammatamne isa kami? A. Semisteera fi Boqonnaa B. Mata dureewwanii fi qabiyyeewwan ijoo
C. Kaayyoolee Gooree D. Ji'a, torbeefi guyyaa akkasumas Wayitii boqonnaaf kenname
25. Bu'aa karoora barannoo guyyaa kan hin taane isa kami? A. Dalagaa barataa ni idileessa, qindoomina akka qabaatu taasiisa. B. Barsiisaan gaaffii sissi'eessaa akka gaafatu isa kakaasa. C. Baruu-barsiisuu keessatti bilisummaan akka uumamu taasiisa.
D. Malleen baruu-barsiisuu sirrii ta'an filachuu dandeessisa
26. Qophiin barsiisaa karoora barannoo keessatti wantoota armaan gadii hunda of keessatti qabachuu qaba. A. Gahumsa Barachuu yoo xiqaa gonfatamu qabu (GBYXGQ) B. Gaaffileen GBYXGQ irratti hundaa'an C. Tooftaalee iyyaafannoo fi gahumsa barattootaa ittiin galmeefatan
D. Hundi deebii dha
27. Barnoota keessatti faayidaan yaad-deebii kennuu keessatti **DHUGAA** kan hin taane kami?
- A. Barattoonni barnoota isaanii irratti bu'a qabeessa akka ta'aniif
B. Fooyya'iinsa barattootaa dabaluu fi Barattoota si'eessuuf C. Dandeettii barattootaa adda baasuuf D. Hamileessuu qofa irratti xiyyeefachuu qaba

A. Mata duree fi GBYXGQ beeksisuu B. Mata duree darbee yaadachuu
C. Yaad-rimee ijoo keessa deebi'uu D. Garee mariif ijaaruu

38. Iyyaafannoo ilaalchisee kan **sirrii hin taanee** isa kami?

39. Qoomolee armaan gadii keessaa raga ivyyaafannoo walitti qabu hin dandeenye isa kami?

40. Ruqoolee iyyaafannoo galma gahiinsa kaayyoolee barachuuf yaada murtii kennuuf hin gargaarree A/ Piroofaayilii mirkaa`ina B/Hirmaannaa barnoota walmaddeessaa keessaa qabu C/ Sadarkaa wal duura duubaatiin kennamuu D/Gulantaa ykn qubeen ibsamuu

41. Barattoota iyyaafachuuf malleen odeeffannoo ittiin walitti qabuuf hin gargaarree

42. Gaaffileen iyyaafannoo maal irratti hunda`ee qopha`aa?

A/ Mal baruu barsiisuurratti B/Hirmaannaa siyaa`ina barattootni taasisan irratti
C/Kaayyoo bira gahamuuf kaa`ame irratti      D/ Haala mijaa`ina mana barumsa irratti

43. Ulaagaalee gaaffii iyyaafannoo qopheessuu keessatti **hin hammatamnee** isa kami?

A/ Amanamummaa fi dhugummaa qabaachuu B/ Madaalawaa ta`uu fi bu`aa qabeessummaa
C/ Fudhatamummaa fi qabatamummaa qabaachuu D/ Kan safaramuu hin dandeenye

44/Mata duree “qulqullina maatii eeguu “ jedhu barsiisuuf barsiisaan qabiyyee kana keessaa osoo hin seenin duura gaaffii “qulqullinaa maatii kee akkamitti eeggamuu danda’a ? jedhee barattoota isaa yoo gaafatee,gosti iyyaafannoon kun A/ Of iyyaaffachuun barachuu dha B/ Iyyaafannoo barachuuf gaggeeffamuu dha C/ Iyyaafannoo madaallii dha D/ Hunda

45. Kanneen armaan gadii keessaa amala iyyaafannoo madaallii kan hin taanee isa kami?

A/ Idilee fi al- idilee ta`uu danda`a B/Gahumsa waliin walqabata C/Iyyaafannoo sakkatta`iinsa ti
D/Ramaddii sadarkaa barattoota irratti murte kennuuf gargaara

46. Barachuu barattootaaf yaad-deebii ijaarsaa kennamuu qabu yoomi? A/Yeroo gaaffilee iyyaafannoo qopha`uu B/ Firii iyyaafannoo irratti hundaa`uun C/ Jalqaba wayitii barachuu irratti gaggeeffama D/Adeemsa baruu barsiisuu osoo hin jalqabin duura
47. Gahumsa “ Hariiroo gaarii namoota manneen barnoota fi naannawaa wajjin jiran cimsuu” jedhu kun murna barachuu isa kami gonfachiisa?
- A/ Murna ilaalcha B/ Murna yaad- sammuu C/ Murna Qaam – sammuu
48. Dumeessaa atimoosfarii keessaa jiru ilaaluun barattootni haala qilleensa akka raagan yoo godhame; dandeettii barachuu barattoota madaaluuf gargaaruu
- A/ Walitti qindeessuu B/ Hojiirraa oolchuu C/ Xiinxaluu D/Hubachuu
49. Kanneen armaan gadii keessaa bu`aa hiriyaan walbarsiisuu **hin taanee** isa kami?
- A/ Miira sodaa barattoota xiqqeessa B/ Dandeettii dhunfaa barattoota adda baasuuf gargaara C/Barsiisaan shaakala barsiisuuf muuxannoo akka gonfatu D/ Qabiyyee bal`aa ta`e haguuguuf
50. Gocha shaakala hiriyaan walbarsiisuu keessatti **hin barbaachisnee** A/ Gaaffilee gahumsa irratti hundaa`an qopheessuun B/Karoora barannoo guutuu ta`e qopheessu. C/ Malleen baruu- barsiisuu barsiisaa giddu galeeffate filachuu D/ iyyaafannoo adeemsisuun yaad-deebii kenni.

DEEBII TES 202

1.D	2.D	3.B	4.A	5.B	6.D	7.A	8.D	9.A	10.D
11.A	12.C	13.A	14.A	15.B	16.A	17.D	18.C	19.C	20.A
21.B	22.D	23.C	24.C	25.A	26.D	27.D	28.B	29.D	30.A
31.A	32.C	33.D	34.A	35.D	36.B	37.B	38.D	39.B	40.B
41.D	42.C	43.D	44.B	45.C	46.B	47.A	48.C	49.C	50.C